**Oduu Sagalee Qeerroo Fulbaana 18 Bara 2015**

Afaan lammiileen biyyattii irri jireessi ykn Majority'n dubbatu, Afaan Oromoo guddichiifi hangafti afaanotaa impaayera biyyattii keessatti Afaan Biyyaalessaa ta'uu dhabuun akkuma sirnoota walfakkaatoo duraaniifi isaanii olitti ergaramaafii ukkaamsaan hidhaa diinaa jalatti to'atamuun hinumaatuu ulee diinni ittiin sabicha dhaanu ta'uun sababa yakka malee itti yakkani doorsisaniifi miidhan ta'uunsaa, **warraaqsa waliigalaa humni diinaa duubatti deebisuu hindandeenye dhoosaa jiraachuun beekame.**

Warraaqsi kun bu'aa qabsoo Gootot iin Oromoo mirga abbaa biyyummaafi kabaja eenyummaa Oromootiif ganama biyyaafi sabni keenya koloneeffatame irraa eegalee taasisaa as gahan ta'ullee, dammaqinsi hawaasa Oromoo daraaree dagaagee sadarkaa firii quubsaa argamsiisuu irra gahuu irraa kan ka'e, gama hundaanuu sadarkaa hawaasa Oromoo hundaa biratti finiinee **warraaqsa galmasaa ga'u malee hindhaabbanne kaasaa jiraachuun ifa ta'eera.**

Barattootni yuuniversiitiifi sadarkaa garagaraa irratti argaman, hojjettootni, daldaltootiin abbootiin qabeenyaa, dargaggoofi shamarran hayyootaafi maanguddoon duuchaamatti sabni Oromoo marti, Afaan tokkoon, fedhii tokkoon, ejjennoo tokkoon, garaagarummaa ilaalcha siyaasaafi amantaa maleetti, quqama jabaataan Afaan Oromoo hacuuccaa jalaa bahee bilisaan Afaan Biyyaalessaa ta'uu akka qabu ifatti gaafachaa jiraachuun mirkanaayeeera.

Kunis akkaataa amansiisaa ta'een qabsoo Walabummaa Oromiyaafi Bilisummaa Oromoof taasifamu ofdura tarkaanfachiisuuf shakkii tokko malee kan abdachiise ta'uu bilchinaan hubatamuu gamaggamni Qeerroo ququlleefatee jala muree gabaaseera.

Yeroo ammaa matayyaanis ta’e gamtaan gaaffii kana irratti waliigalamee bifa gara garaan falmaan humnasaa cimsachaa jira.

Keessaafuu barttootni Qubeen baratanii bakka gurguddaa gahaa jiran afaan halagaa dirqiin itti fe’amaa jiru hubachuu dhabuun fedhiin afaan ofiitiin bakka hundatti akkaataa barbaachisaa ta’een daangaa tokko malee tajaajilamuu humna bakakkaa horachuun addaateera.

Kunis akkaataa saayinsaawaa ta’een qabsoo beekumsaa irratti hundaaye finiinsaa jiraachuun dirreetti bahaa jira.

Qorannoowwan haqa sakatta’uun furmaatsaa waliin qabatanii asdhihaataa jiran marti Biyyittiin kun hatattamatti Afaan Oromoo Afaan Biyyaalessaa taasisuuf kan dirqamtu ta’uu kan akeekkachiisaniifi kun tahuudhaa baannaan tokkichi kunuu osoo dhimma biraan itti hindabalamiin biyyattii akka yeroo gabaabaa keessatti diigu lafa kaayaniiru.

Dhimma kana ilaalchisee qorannoolee hedduun yuunvarsiitiilee keessatti kan dhihaatan yoo ta’u hunduu yaaduma Afaan Oromoo afaan biyyaalessaa gochuu irratti walta’u. Isaan kana keessaa Qorannaa BARSIISAA YUUNVARSIITIIFI BARATAA PHD KANTA’E BEEKAN GULUMMAA eeruun nidanda’ama.

Haaluma kanaan walfakkaatuun kunoo ammas bifa bareedaafi adda ta’een kan ibsamee barreeffame Kitaabni haaraan maxxanfameera.

Dargaggoo Milkeessaa Miidhagaa dhimma kana ilaalchisuun bu’aa qorannaa isaa kitaabaan maxxansiisee uummata bal’aaf dhiheessee jira.

Mata dureen kitaaba kanaa AFAAN OROMOOFI IMAAMMATA AFAANII BIYYA ITOOPHIYAA, bara 1855 hanga 2015 kan jedhamu yemmuu ta’u,

Akkaataa qorannoo kitaaba kanaatti Yeroo gabaabaa keessatti Afaan Oromoo afaan biyyaalessaa ta'uu baannaan balaan biyyattii kana mudachuuf taa'u hedduu yaaddessaa ta'uu eeree jira.

Dabalataanis Oromoon uummata biyyattiif gibira guddaa hunda caalu, taaksiifi, vaatii kkf galii mootummaa empaayerittiif galchaa jiru waan ta'eef, biiroolee mana hojii federaalaa mara keessatti hojjettoota qaxaramanii hojjetan akkaataa baay'ina isaa wajjiin wal gitu ykn wal madaaluun argachuu qaba. Qoodaminsa taayitaa, qoodaminsa yeroo qilleensaa media biyyattii, qoodaminsa baajetaafi kkf irrattis sirreeffamni godhamuun dirqama ta'uu akeekkachiiseera.

Gama biraatiin mootummaan wayyaanee barreessaa Abrahaam Jaalataa Qarshiin bituun seenaa Oromoo xureessee wayyaaneefi hojii ishee faarsee akka kitaaba barreessu gochuun itti dhimma bahaa jiraachuun saaxilame.

Haaluma kanaan Abrahaam Jaalataa Kitaaba AARSAA jedhamu bifa Asoosamaan barreessee MOOTUMMAAN WAYYAANEE MAXXANSIISTEEFII AYYAANA IRREECHAA BARA 2015 irratti uummataaf dhihaachuuf akka taa'u irra gahameera.

Kitaabni kun, AKEEKNI ISAA INNI GUDDAAN MASTER PLANII WAYYAANEE ISA HAARAA KANAAF DEEGGARSA KENNUUN UUMMATA TASGABBEESSUUF KAN AKEEKAME YOO TA'U,

Bareedina magaalittii eeguuf jecha manneetiin citaa diigamuun sirrii ta'uu kan gorsudha.

Kana maleetti mootummaan wayyaanee mootummaa misoomawaa ta'uu isaafi daandiilee biyyyattii irratti diriirseef galata guddaafi ulfinni wayyaaneef akka malu dhaama.

Hunda daran ammoo seenaa Oromoo dabsuun GOOBANAA DAACEE NAMA OROMOOF GALATA GUDDAA OOLE GOOTA OROMOO TOKKUMMAA ITOOPHIYAAF GUMAATA TAASISE TA'UU LALLABUUN, BAKKOOTA HEDDUUTTI SABA OROMOOFI QABSOOSAA AKKASUMAS QABSAAWOTA OROMOOF TUFFII QABU IFATTI TARREESSUUN SALPHISEE ARRABSEE BALFEE GONKUMAA SEERAAFI KAAYYOO BARREEFFAMNI TOKKO DHAABBACHUU QABUUFI IRRAA KAACHUUN HOJII MARAATUMMAA HOJJETEE JIRAACHUU GABAASAAN QEERROO NUDHAQQABE MIRKANEESSEE JIRA.

Haaluma kanaan kitaaba kana Biirooleen Mootummaa kanneen akka Baankii hojii gamtaa Oromiyaa, Waldaa Liqiifii qusannoo Oromiyaakkf maallaqaan kan utuban yoo ta'u, Waliin dhahuuf jecha Sabboontota Oromoo kanneen akka Injinar Bilisummaa Dabaree, Mahaadii Alii Muussaa Deeggarsa waliigalaa naaf gootaniif galatoomaa jechuun ta'e jedhee kan galateeffate yoo ta'u sabboontonni kunneen akkamitti waan akkasii kana irratti maqaa keenya nukaafta jechuun aariin gubatanii isa wajjiin wallolaa jiraachuus madden Qeerroo amanamoo ta'an eeraniiru.

Hiriyyootni Abrahaam ilmaan Oromoo sabboontotniifi hayyootiin Oromoo inni kitaaba kana akka isaan ilaalanii yaada itti kennan gaafate kanneen akka DOOKTAR XILAHUUN TALIILAA, DOOKTAR TAFARII NUGUSEE, akkasumallee, QAROO ykn/Taagel Taammanaa/ fi BEEKII UUMAA KITAABA KANA BIFA KANAAN UUMMATAAF AKKA HINBAAFNE WAYTA JEDHANITTI wantoota akkanatti contradictor ta'an wan falmisiisoo ta'an yoo barreeffame maalinni laata jedhee namni dubbisa beekaan kana godhe, ammallee isin akkanatti anaan naqeequun keessan anaaf beeksisa guddaadha. Kun ammoo kitaabni kiyya bal'inaan gurguramee akkaan galii guddaa argadhu nagargaara jedhee Abrahaam Jaalataa karaa jallinaa isaarraa galii guddaa argachuuf jecha

akka beekaa balleessaa jirus addaateera. Keessaafuu Dooktar Tilaahuun Taliilaa , Nama argannoo/discovery/ kan gabaan balfitee gate qabatee gabaa bahu jedhee qeequun isaa barameera.

Haata'u malee kun hunduu diinummaa dhokataa isaa ittiin gaggeeffachuuf malee yaada falmisiisaa dhiheessuu akeekees akka hintaane hubatamuu qaba.

Abrahaam jaalataa Amma dura Fiilmii Eeelaa jedhamuun uummata biratti kana beekamu yoo ta'u Fiilmiin Eeelaas ta'u oguma Aartiin/afaan aartiin fayyadamee Kan CAALTUU jedhamuun yaamamtu AMALA OROMIYAA bakka buute dhumarratti injifannoo hankaaksuun ajjeesee injifannoo nama amala Itoophiyaa qabduuf goonfachiisuun isaa niyaadatama. Haa ta'u malee uummatichi dheebuu afaan ofiitiin Fiilmii isaa daawwachuu waan qabuuf qofa hedduu fiilmicha simatee akka daawwate hin haalamu.

Abrahaam Jaalataa bakka adeemu maratti nama waa'een tokkummaan Itoophiyaa isa yaaddessuufi isa cinqu malee sabboonummaan Oromummaa itti hin dhagahamne akkasumas ijoollee sabboontota waliin ganamaa galgala dhimma kana irratti ejjennoo Oromummaaf qaban jijjiirsisuuf kan ifaajaa jiraatu yoo ta'u, ofiifis diinummaafi tuffii Oromoo malee dhimma Oromoo akka hinqabaanne kan beekamedha.

Hamlee duutuu Oromummaaf qabu irraa kan ka'e, hintala habashaa fuudhee ilmoo irraa godhachuun akka jiraataa jirus dug-duubeen seenaafi eenyummaan isaa kan agarsiisudha.

Kanarraa ka'uun Kitaabni ergama diinaa baatee gara uummata keenyaatti adeemaa jiru kun Achuma warra minilikiifi Goobanaa

faarfatu Teedii Afroofaa biratti geessee haa gurguratu malee Oromoon akka qubaan hintuqne gaafanna.

Ummatni keenya kan hubachuun ugguraan akka dura dhaabbatullee dhaammanna.

Abrahaam Jaalataa gaafatama Seenaa jalaa akka hinbaane akka beeku akeekkachiifna!

Gama biraatiin Aartist Tsaggaayee Dandanaa YKN Sayyoon dhukkubsatee du'aafi jireenya jidduutti waan argamuuf akka gara biyya alaatti geeffamee wal'aansi barbaachisaan godhamuufiif kan akeeke konsertiin muusiqaa qophaawee Galma Adaafi Turizimii Magaalaa Finfinnee isa kiiloo 6tti argamutti gaafa Fulbaana 9 bara 2008 ALH akka dhihaatee galii dhaleessuufiif akka saganttffame dhagahame.

Sagaleen qeerroos kaaayyoo eebbifamaa kanaaf tumsa lammumaa gochuun barbaachisaa ta'uu amanuun beeksisa Koreen popheessitootni sagantichaa qopheessan gara boodaa irratti isiniif dhiheessa.

Wayyaaneen gamanumaa dhimma master plan wajjiin wal qabatee mormii ishee mudachuuf taa'u yaada'uun barsiisota guutuu biyyattii irratti argamaniif haala itti barattoota isaanii tasgabbeessuu danda'an irratti ORENTATION kennaa akka jirtu saaxilame.

Godina addaa naannawa Finfinnee magaalaa sulultaa lafa foon itti qalamu Dhaabbata Qeeraa Sulultaa jedhamuun beekamutti fincilli guddaan adeemsifamaa jira.

Hojjettoonniifi dafqaan bulaan akkasumallee uummanni Sulultaa walta'uun Dhaabbatichi loon tokkollee qalee akka gama magaalaa Finfinneetti hingeessine dhorkuun balbalicha karra cufee itti bahee

eegaa oolee jira. Guyyaa kaleessaa Fulbaana 16 magaalaan Finfinnee dhiheessii foonii dhabdee daldaltootiin gara Buraayyuufi Kotobeetti yaa'anii Foon barbaadaa akka oolan barameera.

Dhaabbatni foon magaalaa Finfinneef dhiheessaa ture kun kan namoota dhuunfaan wal ijaaranii daldalanii yoo ta'u, Ilmaan qonnaan bulaa naannichaaf carraa hojii bane ilmaan naannoo sanaa heddumminaan kan jiraatan hojii dhaabbata kana keessaa gaggeeffamutti hirmaachuudhaan yoo ta'u ammaan tana mootummaan wayyaanee galii dhaabbata kana irraa argamu itti hinaafee dhaaluu waan barbaadeef daldaltoota gurmaayanii namootaaf carraa hojii bal'inaan bananii hojjetan kana irratti gibira gurguddaa ramaduun akka isaan fedhii isaaniitiin gibiricha kaffaluu dadhabanii dhiisan godhee ofiif itti darbee hojjechuuf yaalii gochaa jira.

Kanarraa ka'uudhaan uummatni kun gibira kaffaluu dadhabee hojicha dhiisaa jiraachuun barameera.

Kana malees dhuunfaan hojii loon qalanii foon dhiheessuu hojjechuun namni tokko haayyama baafachuuf illee qarshii kuma dhibba mootummaatti qabsiisuu akka qabu seera haaraa baasanii jirani.

Sababa kanaan daldaltootiin hojicha dhaabanii jiru. Mootummaan saffisaan hojicha jalqabee ofiif qalee dhiheessuuf wayta yaalutti, uummanni Sulultaa tokkummaan ka'ee qaamota mootummaa kana reebee bakkichaa arihuun, karra qeeraa cufee ooluu Murti Guutoon bakkichatti argamuun nuuf gabaasee jira.

Ficilli uummataa kun ammas kan itti fufee jiru yoo ta'u nutis jala buunee kan isinbiraan geenyu ta'a.

Dhuma irratti, Karaan Baakkoo irraa gara magaalaa Shaambuu geessu bakka  BUHEE jedhamu HARATOO JALA gahuu ga'ee Riqichi addaan cituun Kunkolaatataan walqunnamsiisuu hindandeenye.

Yeroo ammaa Konkolaataan tokko Baakkoorraa fidee riqicha bira gahee yeroo deebi'u inni tokko ammoo riqicha bira gama Shaambuu irraa dhufee dhaabbatee eeggatee fudhatee deema. Haala kanaan taarifa duraan kaffalan dachaa meeqaaan dabalanii uummata dararaa jiraachuu maleettis, Meeshaalee Horroo Guduruu irraa gara Finfinneetti fiduufis ta'e Finfinnee irraa geessuun hin danda'amu.

**(Hariiroo Jorgootiin Kan Qindaaye)**